# Liidii Manatti Fudhatanii Galuu

## Balaa Maatii Kee Irraa Ittisuun Danda'amu



## Liidii manatti fudhatanii galuu: Balaa Daa'immanii fi Ga'eessotaa

Hojii fi wanti ati gochuu jaallattu ijoollee kee fi maatii keetiif balaa akka qabaachuu danda'u beektaa? Hojii Liidii wajjin wal qabatu hojjechuu fi waan liidii of keessaa qabu gochuuf fedhii qabaachuun siinis ta'e maatii kee summii liidii irraa dhufuuf isin saaxiluu danda'a.

Liidiin gara qaama keenyaa kan seenu kara daaraa (awwaara) liidii funyaaniin ykn afaaniin seenu ta'a. Daaraan kun uffata, kophee, rifeensa, gogaa fi waan of harkaa qabdan irra buufachuudhaan booda gara konkolaataa, afata lafaa, lafaa fi meeshaa mana keessaatti darba. Dhukkeen liidii kun qodaa bishaan itti qabattan, qodaa laaqanaa fi boorsaa irra buufachuus ni mala. Kanadha Liidii manatti fudhatanii galuu kan jedhame.

Liidiin daa'immanis ta'e ga'eessotaaf miidhaa qaba, haa ta'u malee, miidhaan isaa daa'imman irratti hamaadha. Yoo of eeggannaa ga'aa ta'e hin fudhattu ta'e, ofii kee fi maatii liidii kanaaf saaxiluu dandeessa.

## Liidii manatti fudhatanii galuu ittisuu

- Nyaachuu, dhuguu, xuuxuu, fuula kee fi fuula nama kan biraa tuquukeetiin dura harka kee dhiqadhu
- Utuu bakka hojiitii hin ba'in qaama kee dhiqachuudhaan uffata qulqulluu uffadhu
- Uffata hojii fi uffata kaan adda baasuudhaan yerootii gara yerootti miici
- Yoo hojii Liidii wajjin wal qabatu hojjetta ta'e dhaabbataadhaan dhiigakee ilaalchisi.

## Hojii fi gocha balaa ol'aanaa qaban

- Ijaarsa diiguu fi haaressuu
- Liidii suphuu, wal qabsiisuu fi baqsuu
- Qabduu qurxummii fi/ ykn baatirii oomishuu
- Elektirooniksii irra deebi'anii oomishuu fi suphiinsa meeshaa qulqullinaa
- Qurxummii qabuu
- Adamsuu
- Dhukaasa Xiyyeeffannoo
- Meeshaa manaa fi waajjiraa moofaa haaressuu
- Suphee seeramikii irraa qodaa tolchuu
- Birciqqoo oomishuu

Oromo
10/2019





## Liidii dhiiga keessa jiru hir'isuu

Yoo ati ykn maatiinkee liidiif saaxilameera ta'e doktorii kee wajjin haasa'uudhaan wal'aansa ittiin dhiiga kee keessaa liidii hir'iftu karoorsi. Hojechiisaa keettis akkaataa ittiin liidiif saaxilamuu irraa of qusattu irratti wajjin dubbadhu. Yoo gaaffii MN OSHA quunnami ykn marsariitii irraa odeeffannoo dabalataa ilaali.

Mana keessaa madda liidii kan ta'an qulleessuun liidii dhiiga keessa jiru hir'isuudhaaf ni gargaara. Vaakiyuumii mana kee keessa fayyadamtu bakka liidiin jirutti hin fayyadamin. Yoo akkas goote liidii xixiqqoo kaasuu waan hin dandeenyeef qilleensa keessa tamsaasa. Vaakiyuumii "High Efficiency Particulate Air Filter (HEPA)" jedhamu fayyadami ykn immoo ogeessa liidii qulleessu qaxari.

## Rakkoo fayyaa liidii irraa dhufu

Rakkoon fayyaa liidii irraa dhufu kanneen dabalachuu danda'a:

- Rakkoo barnootaa, amalaa fi fayyaa daa'imman irratti
- Ulfi ba'uu, daa'ima godhachuu dadhabuu, utuu yeroon hin ga'in dhalachuu, daa'imni garaatti du'uu
- Daa'ima gadameessa keessa jiru irratti sammuu fi sirni neervii sirriitti guddachuu dhiisuu
- Dhiira irratti saal-quunnamtiitti dadhabaa ta'uu fi fedhii dhabuu, firii dhiiraa xiqqaa fi sirrii hin taane oomishuu

Liidiin kam iyyuu gaarii miti. Miidhaan liidii irraan dhufu dhaabbataadha. Mana yaalaa deemuudhaaf hanga mallattoon isaa sirraa mul'atutti hin eegin. Ijoolleen liidiif saaxilaman yeroo baayyee fayyaa fakkaatanii mul'atu. Atis ta'e maatiin kee liidiif saaxilamuu keessan kan beektan qorannaa dhiigaa taasisuu qofaadhaan ta'a.



## Guyyaa guutuu of eeggadhu

Daaraan liidii xiqqoo waan ta'eef ijaan hin mul'atu. Meeshaa ittiin of irraa eegdu kanneen akka gilaavii, haguuggii ijaa, uffata guutuu fi kan funyaanii mara fayyadamuu qabda. Yeroo boqonnaa fi hojiidhaan booda akka daaraan liidii gara konkolaataakeetti hin darbine eeggannaa godhi:

- Meeshaa dhuunfaakeetii qulqullinaa fi bakka hojii irraa fageessitee kaa'uudhaan
- Kophee kee jijjiirrachuudhaan bakka hojiitti dhiisi



## OSHA MN Quunnamaa

**Komiidhaaf, qorannaaf, miidhaa ga'e ykn miidhaa hojii wajjin wal qabatu gabaasuudhaaf akkasumas barnootaaf MN OSHA quunnami**
Bilbila: 651-284-5050 or 877-470-6742
Toora imeelii Keenyaa: osha.compliance@state.mn.us

**Hojjechiistotni ofeeggannoo bakka hojiitti taasifamu ilaalchisee mariisisuudhaaf**
Bilbila: 651-284-5060 or 800-657-3776
Toora imeelii Keenyaa: osha.consultation@state.mn.us